



## Piroojektiin 'Share Bale Eco Region' eessaa garamitti?

Kutaa 5ffaa

### **Hojiilee gama dhiyeessa nyaataafi sanyii loonii fooyyessuuf raawwataman**

Pirojektichi bu'aa loon irraa argamu guddisuufi galii barbaachisaa ta'e akka argataniif nyaata loonii ammayyaafi sanyii loon Booranaa filatamoo mixxiqqeessuun fayyadamtummaa horsiisee bultootaa akka mirkanaa'u taasiseera. Kana malees pirojektichi fayyaa loonii eegsisuu waliin walqabatee meeshaalee wal'aansaa barbaachisoo ega dhiyeessee booda ogeessotaaf leenjii kenuun rakkoo gama kanaan mudachuu danda'u akka hir'atu taasiseera. Leenjiileen kennamanis hubannoo kunuunsa loonii akka gabbatu gargaareera. Horsiisee bultoonni olii gadi sosochuun jiruufi jirenya isaanii kan gaggeessan waan ta'eef leenjiin kunuunsa fayyaa loonii waliin walqabatee kennname rakkoo kanaan dura qaqqabaa ture waan fureef bu'a qabeessadha.

### **Dhiyeessii bishaanii ilaalchisee**

Inni 4ffaan dhiyeessii bishaanii yoo ta'u, pirojektichi rakkoo bishaanii kanaan dura mudachaa ture maqsuuf lolaafi burqaalee hidhuun beeladoonni karaa fagoo bishaan barbaacha akka hindeemne taasiseera.

Osoo pirojektiin kuni bakkichatti hin hundaa'in dura horsiisee bultoonni loon isaanii bishaan obaasuuf deemsa sa'a saddeetii miilaan deemaa turaniiru. Har'a joorri akka yeroo sanaa hafusaatiin naannawaa jiraniifi bakka dhiyoo ta'etti bishaan argachuu danda'aniiru.

Daa'imman kanaan dura sababa kanaan barnoota isaanii addaan kutanii turan yeroo ammaa barnootasaanii seeraan akka hordofan ta'eera.

### **Haala gabaa mijataa uumuu ilaalchisee**

Pirojektichi galii horsiisee bultoonni daldala beeyladarraa argatan fooyya'aa taasisuuf giddugala gabaa loonii tajaajila yaalaa gahaa qabu ijaarsisee tajaajilaa akka kenu taasiseera. Kunis tajaajila yaala loonii, bakka kaffaltii gibiraa, bakka sakatta'insaafi kkf qopheessuun qaama gurguruufi bituuf haala mijataa uumeera.

### **Karoora Maatii**

Pirojektichi rakkoo ilaalchaa gama karoora maatiitiin jiru furuun jiruufi jirenya hawaasaa mijataa taasisuuf deeggarsa ogummaafi hojii hubannoo uumuu hojjeteera.

Rakkoolee ilaalchaa gama karoora maatii mudachaa turan keessaa maatii karoorsuun amantaan dhorkaa ture akka furamu taasiseera.

Baaleen bakka omisaafi omishtummaan itti baay'atu yoo ta'u, lakkofsi namoota naannawicha jiraatanii ol'aanaadha.

Kunis maatii bal'aa hanga 6.3 kan baay'atu yoo ta'u, kuni akka fooyya'u taasifameera.

Lakkofsi kun akka Oromiyaatti isa guddaa yoo ta'u, Baalee keessatti xiyyeffanno hujjetamuu akka qabuuf sababni guddaan isa kanadha.

Pirojektichi guddina ariifachiisaa galmeessisuuf kan karoorfate osoo hintaane caasaalee misoomaa aanaarrraa hanga godinaatti mootummaan bobbaase waliin hidhata uumuun jijjiirama fiduuf kan yaaludha.

Gama kanaanis ekisteenshiniif fayyaa waliin ta'uun fooyya'inni akka mul'atu ta'eera. Gama kanaanis koree gara garaa gandoota baadiyyaa keessatti hundeessuun rakkoon ilaalchaa maatii karoorsuurratti fuulleeffatee ture akka maqfamu ta'eera.

Haaluma kanaan hojii hubannoo uumuu koreewwan fialataman kanaan bakka maratti taasifameen qoricha ulfa walirraa fageessanii dahuu akka fayyadaman taasiseera.

Haaluma kanaan yeroo ammaa hojii hubanno uumuu walirraa fageessanii dahuu irratti kennameen yeroo jalqabaaf dhibbeentaa 12 fayyadamoo yoo ta'an, sosochii dadammaqinsaa itti fufaa gaggeessuun marsaa 2ffaatti gara dhibbeentaa 24tti kan guddatu ta'a. Hubanno hawaasaa daran babal'achuusaatiin yeroo ammaa dhibbeentaa 36 irra ga'uu danda'eera.

